# ERGAA YAAQOOBI

1 Yaaqoob hojjataa Waaqayyootii fi tajaajilaa Yesuus Kiristoos Gooftichaa irraa;

Gara gosoota kudhanii lamaan kanneen biyya adda addaatti bibittinnaa'aniitti;
nageenni isiniif haa ta'u.

**Rakkinnaa fi Qorumsa**

2 Yaa obboleeyyani, yommuu qorumsi adda addaa isin irra gawutti akka gammachuutti fudhadhaa. 3 Akka amantiin[a] keessan qoramuun isaa obsa isinii kennu beettuutii. 4 Isinis warra hirdhinna[b] tokkollee hin qabne ta'uudhaan akka bilchaatoo fi warra hirdhinna hin qabne taataniif obsi hujii isaa raawwachuu[c] qaba. 5 Isin keessaa namni hanqinna ogummaa qabu kamiyyuu waaqa otoo hin tuffatini nama hundumaaf arjummaan kennu sana haa kadhatu; isaafis ni kennama. 6 Garuu yommuu kadhatu amantiin haa kadhatu; hin shakkinis. Namni shakku kamiyyuu akka danbalii[d] galaanaa kan bubbeen dhawamee asii fi achi oofamuuti. 7 Namni akkasii waan tokkollee Gooftaa biraa nan argadha jedhee eegachuu hin qabu. 8 Inni nama yaada lamaa ti; waan hojjatu mara keessattis ni mama.

9 Obboleessi hiyyeessi tokko ol- kaafamuu ufii isaatti boonuu qaba. 10 Obboleessi dureessis gadi-deebi'uu ufii isaatti gammaduu qaba; Durummaan isaa akkuma daraaraa margaa[e] ni harca'aatii. 11 Aduun oow'a gubaadhaan baatee biqiltuu gossitiitii; daraaraan biqiltuu sanaas ni harca'a; midhaaginni isaas ni bada; akkasuma ammoo namni dureessi otuma hujii isaatiif olii gadi fiiguu bada.

12 Namni qorumsa keessatti obsaan jabaatee dhaabatu eebbifamaa dha; inni erga qoramee ilaalamee booddee gonfoo[f] jireennaa kan Waaqayyo warra isa jaalataniif waadaa gale[g] sana ni argataatii.

13 Namni kamiyyuu yommuu qoramutti, “Waaqattu na qoraa jira” hin jedhin; Waaqayyo waan hamaan hin qoramuutii; Inni nama tokkollee hin qoru; 14 Tokkoon tokkoon namaa garuu yommuu hawwii ufii isaa hamaa sanaan harkifamuu fi sossobamutti qorama. 15 Hawwiinis erga ulfooftee[h] booddee cubbuu dhalti; cubbuun immoo erga guddattee bakka geettee booddee du'a dhalti.

[a]3 ykn *dhugeeffachaani;* [b]4 ykn *mudaa;* [c]4 ykn *fixachuu*; [d]6 ykn *miinya;* [e]10 ykn *buuyyoo;* [f]12 ykn *duubatti ruufa;* [g]12 ykn *kakate;* [h]15 ykn *garaachofte*

16Yaa obboleeyyan kiyya jaalata-
moo, isin hin gowwoomfaminaa.
17Kennaan gaariin cuftinuu,
keennaan mudaa hin qabne
cuftinuus abbaa ifaa isa akka
gaaddidduu hin jijjiiramne sana
biraa gubbaadhaa gadi bu'a.
18Innis akka nu uumama isaa
hundumaaf hangafa taanuuf ak-
kuma fedhii isaatti dubbii
dhugaatiin nu dhalfate.

### Waan Dhagayan Hujii irra Oolchuu

19Yaa obboleeyyan kiyya jaalata-
moo, waan kana hubadhaa; namni
martinuu dhagawuutti haa arii-
fatuu; dubbachuufi aaruutti ga-
ruu suuta haa jedhuu. 20Aariin
namaa jireenna qajeelaa Waaqni
barbaadhu sana hin fiduutii.
21Kanaaf xuraawummaa cufaa fi
hammeenna isin keessa jiraatu
cufa uf-irraa fageessaa; dubbii
lubbuu keessan fayyisuu danda'u
kan garaa keessan keessa dhaa-
bame sanas garraamummaan[i]
fudhadhaa.
22Isin garuu warra waan dub-
bichi jedhu godhu ta'aa malee
warra dubbicha dhagawuu qo-
faan uf gowwoomsan hin ta'inaa.
23Namni dubbicha dhagayee
waan dubbiin sun jedhu hujii irra
hin oolchine kamiyyuu nama fuula
isaa daawwitii keessatti ilaal-
latu fakkaata; 24Innis eegii uf
ilaalee booddee ni deema; yeruma
sanas maal akka fakkaatu ni
irraanfata[j]. 25Garuu namni seera
bilisa[k] ta'e kan hirdhinna hin
qabne sana hubatee ilaalu, kan
akka seera sanaattis jiraatu, kan
waan dhagayes hujii irra oolchuu
malee hin irraanfanne sun waan
hojjatu keessatti ni eebbifama.
26Namni akka waan nama
amantii qabu ta'eetti uf lakkaawu[l]
kan arraba isaa garuu hin luuga-
manne kamiyyuu yoo isin keessa
jiraate inni uf gowwoomsa;
amantiin isaas faayidaa hin qabu.
27Amantiin Abbaa keenya Waaqayyo
duratti qulqulluu ta'ee fi kan
mudaa hin qabne isa kana; kunis
ijoollee abbaa fi haadha hin qab-
nee fi niitota dhiirsonni irraa

[i]21 ykn *garaa/toliisaan;* [j]24 ykn *dedha;* [k]25 ykn *balchaa*; [l]26 ykn *herregu*

**1:17** *Abbaa ifaa* - kun Waaqa waan samii irraa hunda jechuunis biiftuu, ji'a, urjiiwwaniifi kanneen kana fafakkaatan uume sana ibsa.

**1:18** *Kennaa hangafa* - yaanni kun seera kakuu moofaa (dullattii) keessatti akka firiin yeroo oomishni walitti qabamuu jalqabutti duraan durfamee Waaqayyoof dhiyeeffamuu qabu ajaju irraa dhufa. Kennaan kunis kan filatameefi kan wag-gaa waggaan amanamummaa Waaqaatiif dhiyeeffamuu qabuudha.

**1:23** *Daawitii*- bara durii keessa Daawitiin bakkeerii irraa (burcuqqoo irraa) otoo hin ta'in sibiila soofame irraa hojjatama ture; yeroo baay'ee sibiila diimaa yookaan naasii ifa diqqaa kennu irraa hojjatama ture.

du'an rakkinna isaanii keessatti
kunuunsuu fi xuraawummaa biyya
lafaa irraas uf eegachuu dha.

### Nama Walcaalchisuun Dhowwaadha

2 Yaa obboleeyyan kiyya, isin
waan Gooftaa ulfinnaa keenna
Yesuus Kiristoositti amantaniif[m]
nama wal hincaalchisinaa. 2 Fak-
keennaaf namni qubeelaa[n] warqii
keewwatee uffata bareedaa uf-
fatu tokko gara wal-gayii kees-
saniitti ol-seena; akkasumas hiy-
yeessi darsa uffatu tokko ol seena.
3 Isinis yoo namicha uffata
bareedaa uffatu sanaaf ulfinna
addaa kennitanii, "maaloo koot-
tuu asi taa'i!" jettan, yoo namicha
hiyyeessa sanaan ammoo" ati achi
dhaabadhu" yookiin, "koottuutii
miila kiyya bira taa'i!" jettan,
4 isin jidduu keessanitti garaa
garummaa hin uumnee? Isin
warra yaada hamaan murtees-
sitanii mitii ree?

5 Yaa obboleeyyan kiyya jaalata-
moo, mee dhagayaa! Waaqayyo
akka isaan amantiitti dureeyyii
ta'anii fi akka isaan mootummaa
inni warra isa jaalataniif waadaa
gale[o] sana dhaalaniif hiyyeeyyii
addunyaa kanaa filateeraa mitii?
6 Isin garuu hiyyeeyyii salphift-
aniirtu; warri isin saamuutti jiran
warruma dureeyyii sanaa mitii?
kanneen gara mana murtiitti isin
harkisaa jiranis isaanumaa mitii
ree? 7 Maqaa kabajamaa[p] isin
ittiin waamamtan sanas kan
arrabsan isaanumaa mitii?

8 Seera kabajamaa kitaaba kees-
satti, "ollaa kee akka ufii keetiitti
jaaladhu" jedhu sana yoo dhugu-
maan eeddan isin waan qajeelaa
gochaa jirtu. 9 Yoo nama wal-
caalchiftan garuu cubbuu hojjachuu
keessan; seera durattis akka nama
seera cabse tokkootti isinitti
murama. 10 Sababiin isaas namni
seera guutummaatti eegee qabxii
tokkittii qofa cabse kamiyyuu
akka waan seera hunda cabseetti
lakkaawamaatii[q]. 11 Inni, "hin
ejjin[r]" jedhe sun akkasuma immoo,
"nama hin ajjeesin" jedheeraatii;
ati yoo ejjuu baattellee nama
ajjeefnaan seera cabsiteerta.

12 Isin akka warra seera nama
bilisoomsuun[s] itti muramu sanaatti
dubbadhaa; hojjadhaas. 13 Nama
araara hin goone kamittiyyuu
murtii araara hin qabnettu mu-
rama; araarri murtii moo'ataatii.

### Amantiin Hujiin Ala Ta'e Du'aa dha

14 Yaa obboleeyyan kiyya, namni
tokko yoo, "ani amantii qaba"
jedhee garuu hujiin agarsiisuu
baate, amantiin isaa faayidaa
maalii qaba? Amantiin akkanaas

[m]1 ykn *dhugeeffattaniif;* [n]2 ykn *qubee;* [o]5 ykn *kakate;* [p]7 ykn *ulfinna qabeessa;* [q]10 ykn *herregama;* [r]11 ykn *hin hawadatin;* [s]12 ykn *balchoomsuun*

isa fayyisuu danda'aa ree? 15Fakkeenyaaf obboleessi tokko yookiin obboleettiin tokko uffataa fi waan guyyaa guyyaan nyaatan hin qaban. 16Isin keessaa yoo namni tokko, "nagayaan deemaa; isinitti haa oow'uu; quufaas" isaaniin jedhee, garuu yoo waan foon isaaniitiif barbaachisu tokkollee hin kenniniif kun faayidaa maalii qaba ree? 17Akkasumas amantiin hujiin hin muldhifamne ufiinuu du'aa dha.

18Namni tokko garuu, "ati amantii qabda; ani ammoo hujii qaba" jedha.

Ati amantii kee hujii kee irraa gargari baasii na agarsiisi; anis hujii kiyyaan amantii kiyya sin agarsiisa. 19Akka waaqni tokkichi jiru ati ni amanta; kun gaarii dha! jinniiwwaniyyuu waan kana ni amanu; sodaanis ni hollatu.

20Yaa namicha gowwaa, ati akka amantiin hujii uf keessaa hin qabne faayidaa hin qabne beekuuf ragaa[t] barbaaddaa? 21Abbaan keenna Abrahaam yommuu ilma isaa Yisaaqin iddoo aarsaa[u] irratti dhiyeessetti waan hojjate sanaaf nama qajeelaa ta'ee hin fudhatamnee ree? 22Akka Amantiin isaatii fi hujiin isaa tokkummaan hojjachaa turani ni argita; waan inni hojjateenis amantiin isaa guutuu ta'e. 23Kanaanis wanni kitaaba keessatti, "Abrahaam Waaqa amane; kunis akka qajeelummaatti lakkaawameef" jedhu ni raawwatame[v]; Abrahaamis jaala[w] Waaqayyoo jedhame. 24Egaa akka namni hujiidhaanis malee amantii qofaan qajeelaa hin ta'in ni argitu.

25Akkasuma immoo ejjituuni Ra'aab jedhamtu yommuu gaadduuwwan simattee karaa kaaniin isaan geegessitetti hujii isiitiin qajeeltuu hin taanee ree? 26Akkuma nafti hafuura uf keessaa hinqabne du'aa ta'e sana, amantiin hujii uf keessaa hin qabnes du'aa dha.

### Arraba Luugamachuu

3 Yaa obboleeyyan kiyya, akka warra kaan caalaa nu warra barsiifnutti ciminnaan muramu waan beettaniif isin keessaa namni baay'een barsiisaa hin ta'in. 2Nu hundinuu karaa baay'een gufanna; namni waan dubbatu keessatti hin gufanne kamiyyuu nama hirdhinna hin qabnee dha; nafa isaas guutummaatti adabuu danda'a.

3Fardi akka nuu ajajamuuf yoo afaan isaa luugaamne nafa isaa

[t]20 ykn *dhugeessaa*; [u]21 ykn *fulaa sooriyoo;* [v]23 ykn *guutame;* [w]23 ykn *michuu/ hiriyyaa*

**3:3** *Luugama -* Luugamni afaan fardaa keessa kaa'amee farda gara barbaadanitti qajeelchuuf nama gargaara.

guutuu gara barbaanne geessuu
dandeenna. [4]Mee dooniillee[x]
ilaalaa! dooniin yoo akka malee
guddaa ta'ee bubbee jabaadhaan
oofamellee namichi isa oofu
batoo[y] diqqoo isiitiin gara bar-
baadetti geessa. [5]Akkasuma im-
moo arrabni kutaa nafaa xiqqaa
dha; garuu baay’ee uf jaja; bos-
onni hagam guddaa ta'ullee
qaanqee ibiddaa diqqoo isiitiin
akkamitti akka gubamu hubad-
haa. [6]Arrabni ibidda; kutaawwan
nafaa keessattis addunyaa ham-
meennaa ti; inni nafa guutuu
xureessa; adeemsa uumamaattis
ibidda qabsiisa; ufii isaatii immoo
ibidda gahaannamiitiin gubama.
[7]Beelladoonni gosa maraa,
simbirroonni[z], uumamawwan lafa
irra munyuuqanii fi galaana keessa
jiraatan martinuu namaan madaqfa-
muu[a] danda'u; madaqfamaniirus.
[8]Arraba garuu namni tokkolleen
leenjisuu hin danda'u; arrabni
waan hamaa boqonnaa hin qab-
nee dha; hadhaa nama ajjee-
suunis kan guutamee dha.
[9]Nu arrabaan Gooftaa fi Abbaa
keenna eebbifna; isumaan immoo
nama bifa Waaqaatiin uumame
abaarra. [10]Afaanuma tokko kees-
saa eebbii fi abaarsi ba'a; yaa
obboleeyyan kiyya, wanni kun
akkas ta'uu hin qabu. [11]Bishaan
miyaawuu fi kan hadhaawu
burqaa tokko keessaa bawuu
danda'aa? [12]Yaa obboleeyyan
kiyya mukni harbuu[b] firii[c] ejer-
saa naqachuu yookaan wayiniin
firii harbuu naqachuu danda'aa
ree? Akkasuma ammoo burqaan
bishaan hadhawaa bishaan
miyaawu kennuu hin danda'u.

### Ogummaa Gosa Lamaa

[13]Isin keessaa ogeessii fi hu-
bataan eennu? inni karaa garraa-
mummaa[d] ogummaa irraa arga-
muutiin jireenna isaa gaarii sana
ogummaan haa agarsiisuu. [14]Isin

[x]4 ykn *hoboloollee;* [y]4 ykn *muka haffal-licha/laaxxuu;* [z]**7** ykn *simphirreeni*; [a]7 ykn *mataffamuu;* [b]12 ykn *odaa;* [c]12 ykn *midhaani;* [d]13 ykn *garaa toliisa*

**3:12** *Muka harbuu (odaa)-* Mukni kun hanga meetira jahaatti (faana 20tti) guddata; waggaa tokko keessatti yeroo lama oomisha kennuu danda'a. Firiin isaas akka malee mi'aawa; asheetiin isaa yookaan eegii goggogee booddeellee nyaatamuu danda'a.

*Muka ejersaa* - Mukni ejersaa hanga meetira diddamaatti (faana 70 itti) guddachuu danda'a; ejersi midhaan (hurbuu) naqata. Hurbuun kunis yeroo bilchaatutti zayitii guddaa of- keessaa qabaata. Hurbuun isaa ni nyaatama ; Zayitiin isaa immoo nyaatamuu (sooratamuu) yookaan akka boba'aatti faanosiif fayyaduu ni danda'a.

*Wayinii-* Mukni wayinii hurbuu firii didiqqaa uf irraa qabu baasa. Kunis yeroo asheetutti yookaan goggogutti nyaatamuu yookaan immoo cuunfamee dhugamuu danda'a.

garuu yoo hinaaffaa hadhawaa fi hawwii ofittummaa garaa keessan keessaa qabaattan uf hin jajinaa; dhugaas hin ganinaa[e].
15Ogummaani akkasii kan lafaa ti; kan foonii ti; kan daabiloosiiti malee kan samii irraa bu'uu miti.
16Lafa hinaaffaa fi hawwiin ofittummaa jiru; jeequmsaa[f] fi hujii hammeennaa hundumattu jira.

17Ogummaan samii iraa dhufu garuu duraan dursee qulqulluu dha; akkasumas nagaya-qabeessa; garraamii dha; ajajamaa dha;kan araaraa fi firii dansaan guutamee dha; wal-caalchisuu fi itti fakkeessuus uf keessaa hin qabu.
18Firiin qajeelinnaa warra nagaya buusaniin facaafama.

### Waaqayyoof Ajajamaa

4 Wanni lolaa fi walitti-bu'iisa isin jidduutti kaasu maali? Inni hawwii keessan kan nafa keessan keessatti wal-lolu irraa dhufaa mitii?
2Isin waan tokko barbaaddu; garuu hin argattan; kanaaf ni ajjeeftu; akka malees hawwitu. garuu waan barbaaddan sana argachuu hin dandeettan. Kanaafis walitti buutu; wal loltus. waan Waaqa hin kadhanneefis waan barbaaddan hin qabaattan.
3Isin waan argattan sanaan hawwii foon keessanii guutachuuf jettanii waan kadhattaniif yommuu kadhattan hin argattan.

4Ejjitoota nana[g], michuu[h] biyya lafaa ta'uun diina[i] Waaqayyoo ta'uu isaa hin beettanii? Namni michuu biyya lafaa ta'uu filate kamiyyuu diina Waaqayyoo ta'a;
5Yookaan inni kitaabni, "Hafuurri nu keessa jiraatu sun hinaaffaadhaan hawwa" jedhu sun akkasumaan dubbatama seetuu ree?
6Garuu inni ayyaana guddaa nuu kenna; sababiin kitaabni,

"Waaqayyo uf- tuultotaan ni morma;
warra gadi uf qabaniif immoo ayyaana kenna" jedhus kanumaafi.

7Kanaafuu Waaqaaf ajajamaa; Daabiloosiin immoo mormaa; inni isin baqataatii.
8Waaqatti dhiyaadhaa; innis isinitti ni dhiyaataa. Warri Cubbamtoonni harka keessan dhiqadhaa; warri yaada lama qabdanis yaada keessan qulqulleeffadhaa.
9cinqamaa; gaddaa[j]; boo'aas. Kolfi keessan booyichatti, gammachuun keessani immoo gaddatti haa jijjiiramuu.
10Fuula Gooftaa duratti gadi uf -qabaa; inni ol isin qabaa.

11Yaa obboleeyyani, waan hamaa wolitti hin dubbatinaa; namni obboleessa isaa irratti waan hamaa dubbatu yookiin obboleessa isaatti muru kamiyyuu seera irratti waan hamaa dubbata; seerattis ni mura; garuu isin yoo seeratti murtan seera sanatti

[e]14 ykn *hin morrmatinaa;* [f]16 ykn *loliisaa;* [g]4 ykn *hawadattoota tana;* [h]4 ykn *jaala;* [i]4 ykn *nyaapha;* [j]9 ykn *laaleffadhaa*

muraa jirtu malee isaaf ajajamaa hin jirtan. 12 Kan seera kennuu fi abbaan murtii tokkichuma; innis isa fayyisuu fi balleessuu danda'uu dha; garuu ollaa keetti muruuf ati eennu?

### Waayee Boriitiif uf jajuu

13 Egaa isin warri, "hardha yookaan bori magaalaa[k] kana yookaan magaalaa sana dhaqnee waggaa tokko achi turra; daldallees bu'aa arganna" jettan mee dhagayaa. 14 Isin waan bori ta'uuf jirullee hin beettan; jireenni keessan maal innii? Isin hurrii yeroo diqqoof muldhattee eegasii immoo badduudha. 15 Qooda kanaa isin, "yoo Gooftaan jedhe, nu ni jiraanna; waan kana yookiin waan sana ni hojjanna" jechuu qabdu. 16 Amma garuu isin of-tuulummaa keessaniin uf-jajju; uf-tuulummaani akkasii martinuu hamaa dha.

17 Namni otoo akka waan gaarii hojjachuun isa irra jiru beekuu hin hojjatin kamiyyuu cubbuu hojjachuu isaa ti.

### Akeekkachiisa Dureeyyii Cunqursitootaaf Kenname

5 Egaa dureeyyii nana, sababii cinqii isinitti dhufuuf jiruutiif boo'aa; wawaadhaas. 2 Qabeenni keessan shameera; biliinis[l] uffata keessan nyaateera. 3 Warqii fi meetiin keessan dandaayeera[m]; dandaawuun isaaniis isinitti dhugaa ba'a[n]; akkuma ibiddaattis foon keessan nyaata. Isin bara dhumaatiif qabeenna walitti qabattaniirtu. 4 Kunoo, mindaan[o] isin warra midhaani keessan haaman dhowwattan sun ni iyya; iyyi warra midhaani keessan walitti qabaniis gurra Gooftaa waan cufa danda'u sanaa seeneera. 5 Isin qananii[p] fi gammachuun lafa irra jiraattaniirtu; guyyaa qalmaatiifis uf-gabbiftaniirtu. 6 Nama qajeelaa isiniin hinmormine itti murtanii ajjeeftaniirtu.

### Dhiphinna Keessatti Obsa Qabaachuu

7 Kanaaf Yaa obboleeyyani, hanga dhufaatii Gooftaatti obsaa; qonnaan bulaani tokko lafa irraa oomisha[q] gaarii argachuuf hagam akka eegatu, bokkaa duraatii fi kan booddee[r] hanga argattuttis hagam akka obsu hubadhaa. 8 Isinis akkasuma obsaa; jabaadhaa dhaabadhaas; dhufaatiini Gooftaa dhiyaateeraatii. 9 Yaa obboleeyyani, akka isinitti hin muramneef wolitti hin gunguminaa; kunoo, abbaan murtii balbala dura dhaabateera.

10 Yaa obboleeyyani, raajota[s] maqaa Gooftaatiin dubbachaa turan sana akka fakkeenna dhiphinnaa fi obsaatti fudhadhaa.

[k]13 ykn *dira;* [l]2 ykn *dholdholeeni;* [m]3 ykn *ligidaayeera;* [n]3 ykn *dhugeessa/rageessa;* [o]4 ykn *gatiini dadhabii;* [p]5 ykn *canaqaa;* [q]7ykn *midhaani/bu'aa;* [r]7 ykn *duubaa;* [s]10 ykn *raagota*

[11]Kunoo, nu warra obsaan jabaattanii dhaabatan sana eebbifamoo jennaani; isinis waayee obsa Iyyoobi dhageettaniirtu; waan Gooftaani dhuma irratti isaaf godhes argitaniirtu; Gooftaan gara laafinnaa fi araaraan kan guutamee dha.

[12]Hundumaa caalaa ammoo yaa obboleeyyan kiyya, hin kakatinaa; samiin yookiin lafaan yookiin waan biraa[t] tokkoonillee hin kakatinaa. "Eeyeeni" keessan eeyee haa ta'uu; "waawuun[u]" keessanis waawuu haa ta'uu; yoo kanaa achii isinitti murama.

### Kadhannaa Amantii

[13]Isin keessaa namni dhiphachaa jiru jiraa? Inni Waaqa haa kadhatuu. Namni gammadu jiraa? inni faarfannaa galataa haa faarfatuu. [14]Isin keessa namni dhukkubsatu[v] jiraa? inni jaarsota waldaa kiristaanaa haa waamsifatuu; isaanis maqaa Gooftaatiin zayitii isa dibanii haa kadhataniifi. [15]Kadhannaan amantiin[w] godhamus nama dhukkubsatu ni fayyisa; Gooftaanis isa ni kaasa; yoo cubbuu hojjatee jiraates ni dhiifamaafi[x]. [16]Kanaafuu akka fayyitaniif cubbuu keessan walitti himadhaa; waaqas walii kadhadhaa; kadhannaan nama qajeelaa humna qaba; waan guddaas ni hojjata.

[17]Eeliyaas namuma akka keennaa ture; innis akka bokkaan hin roobneef jabeessee Waaqa kadhate; bokkaanis waggaa sadii fi ji'a ja'a lafa irratti hin roobne.
[18]Ammas deebi'ee kadhate; samiin bokkaa kenne; laftis midhaani baafte.

[19]Yaa obboleeyyan kiyya, isin keessaa namni tokko yoo dhugaa irraa fagaate, namni dhibiini immoo yoo isa deebise,
[20]Namichi nama cubbamaa tokko karaa jaldhaa irraa deebisu sun akka lubbuu namicha sanaa du'a jalaa baasu, cubbuu baay'eellee akka dhossu haa beekuu.

[t]12 ykn *dhibii;* [u]12 ykn *hiyyootiini;* [v]14 ykn *fayya hinqabne;* [w]15 ykn *dhugeeffachaan;* [x]15 ykn *in haraaramaniif*